Inni duuniyaa keessatti miila lameeniin isa deemsise guyyaa qiyaamaatti fuula isaatiin isa deemsisuu irratti dandeettii hin qabuu?

qataadaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isaaf haa araaramu- ni jedhe: Anas ibnu maalik akka nuuf odeessetti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- namtichi tokko akkana jedhe: yaa nabiyyii Rabbii! kaafirri akkamitti fuula isaatiin kaafama?, nabiyyiinis ni jedhani: «Inni duuniyaa keessatti miila lameeniin isa deemsise guyyaa qiyaamaatti fuula isaatiin isa deemsisuu irratti dandeettii hin qabuu?» qatadaanis ni jedhe: guddinni Rabbii keenyaa natti haa ta'u lakki dandeettii qaba.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kaafirri guyyaa qiyaamaa fuula isaatiin akkamitti kaafama?! jechuu irraa gaafatamanii, akkas jechuun deebisani: inni duuniyaa keessatti miila lamaan irratti isa deemsise guyyaa qiyaamaa fuula isaatiin isa deemsisuu irratti dandeettii hin qabuu?! Rabbiin waan hunda irratti danda'aadha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65068